# سُورَةُ الطَّارِقِ
# Suuraa Xaariq

*Dura,dursoo,suuran tun {suuratuxx-aariq} je`amti.
قبل كل شئ هذه هي سورة الطارق

*Isiin suuraa Makkaati
وهى مكيـة

*Aayatoonni isi`ii khudha torba
وآياتها سبع عشرة آية

*Lakkooysi isi`ii saddeetamii jaha
وعددها ست وثمانون

*Isiin eega suuratulbaladii buute
نزلت بعد سورة البلد

*Jalqabni dubbi`ii maqaa Rabbii waa hundaa rahgmata godhuutii.
بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

**1}***Sami`iifii,xaariqiinan kakadhaa.
وَالسَّمَاءِ وَالطَّارِقِ ١

**2}***{ Xaariq } waan inni taye maaltu si beysise ?: yoo isa beekhuu baatte , nuutu si beysisaa , {xaariq} jechuun
وَمَا أَدْرَاكَ مَا الطَّارِقُ ٢

**3}***Urjicha guddaa akkaan ifu tokko takkaa xaariq jechuun ; urjuma ,hunda {saaqib} {thaaqib}jechuun kan ifa isaatin dukkana uru jechu', takkaa kan hoggaa sheyxaanni waan malaaykan samii keessatti haasoytu , dhaggeeffatu`uuf, sami`itti ol dhiyaate , jala ceyee waraanu, takkaa uru jechu`uu, duuba Rabbiin sami`iifii waan samii keessaa ifuun khakhatee, akki je`e,
النَّجْمُ الثَّاقِبُ ٣

**4}***Lubbuu ,takkaa nama mara ,malaaykaa eydutu irra jira, malaaykaa balaa namarraa eeydu, hoggaa garaa haadhaa jiran hoggaa joollumma`aa hoggaa rafan akkasuma hoggaa mara, nama tiysituutu , namaan wajji jira ammas malaaykaa dalagaa namaa eydutu, tan gari`ii hamtuu katabduutu ,nama maraan wajji jira, wanni Rabbiin malaaykaa nama tiysitu, nama hundaa godheef, namaatu waan laafaa tikatti haajamu jecha`aafi, mee gaafa inni garaa haadhaa keessa jiru laalaa isaatu waan isa miidhu ifirraa dhoowwee ? gaafa inni joolle`ee yookaa hogaa rafu isaatu if tiysee ? dhugaa yoo laalle ,namni laafa` ,namni laafina ifii baruu fedhe akkaataa itti uumame haa laaluu waan irraa uumame haa laaluu, achirraa laafina ifiitifii, jabeenya Rabbii isaa hubataa tanaaf jecha Rabbiin akki je`e.
إِن كُلُّ نَفْسٍ لَّمَّا عَلَيْهَا حَافِظٌ ٤

**5}***Ilmi namaa, waan irraa uumame qalbi`iin haa laaluu , hoggaa san gorfamaa.
فَلْيَنظُرِ الْإِنسَانُ مِمَّ خُلِقَ ٥

خُلِقَ مِن مَّآءٍ دَافِقٍ ٦

**6}***Namni bishaan hoggaa bayu utaallurraa uumame.

يَخْرُجُ مِنۢ بَيْنِ ٱلصُّلْبِ

*bishaan dudda dhiiratiif

وَٱلتَّرَآئِبِ ٧

**7}***laphee dhala'arraa bayu kan gad aamessa Keessatti bishaan lamaan wal gayee achitti dhiig tayee eegasii foon tayee eegasii lafee tayee ,lafeen foon uffattee, nama guutuu tayee baye ,duuba eenyu kan kana hunda dalagee ,dhabamarraa nama argamsiise? Rabbii tokkicha malee namaa miti mukalle`ee miti taabotaa miti.

إِنَّهُۥ عَلَىٰ رَجْعِهِۦ لَقَادِرٌ ٨

**8}***Duuba Rabbiin akkatti nama uume eega inni du`eeyis guyyaa qiyaama`aa , isa deebisuu dandaya , maalif waan jiru , kan bade, deebisu`uutu , waan hin jirre uumu`urra laafaa, akkamitti Rabbiin , nama lubbuu keessaa baasee ajjeese , lubbuu san itti deebisee jiraachisuu dadhaba , hin dadhabu jechu'.

يَوْمَ تُبْلَى

*Guyyaan Rabbiin nama du'e jiraachisu ,guyyaa mokkoramtee, dirree baafamtu

ٱلسَّرَآئِرُ ٩

**9}***Wanni sirrii taye ,tan qalbiin namaa addunya`arratti dhoysitu,wanni garaan yaaduu Ture ,dirree baatu , kan namuu wanni inni dalage ,dirree baasee dalaguu , dhoysee dalaguu akkasuma wanni inni yaaduu ture hundi,katabamtee warra dirree qiyaama`aa dhaabbaturratti qara`amtu kan yoo hamtuun itti mul`atte qaxxa`amu.

فَمَا لَهُۥ مِن قُوَّةٍ

*Gaafa san , namni kafare , humna ifii , azaaba Rabbii ifirraa deebisuun hin qabu

وَلَا نَاصِرٍ ١٠

**10}***Ammallee nama biraa , kan isaa dirmatee ,azaaba Rabbii,isarraa deebisu hin qabuu ,duuba namni akkanaa, akkamiin waanan an je`u didee, qur`aanan an Muhammadirratti buuse , dhugo`oomsuu dida ? .

وَٱلسَّمَآءِ ذَاتِ ٱلرَّجْعِ ١١

**11}***Samii rooba qabdu,tan amatarraa rooban deebitee waan namaa saani jiraatun ,magarsituun khakhadhee

وَٱلْأَرْضِ ذَاتِ ٱلصَّدْعِ ١٢

**12}***Ammallee dachii waan mayrurraa baqayxee ,magarsituun khakhadhee .

إِنَّهُۥ

*Qur`aanni ,

لَقَوْلٌ فَصْلٌ ﴿١٣﴾
**13}***Kan haqaa baaxila ,dhuga`aafii kijiba ,addaan fooyu, addan namaa baasu.

وَمَا هُوَ بِالْهَزْلِ ﴿١٤﴾
**14}***qur`aanni ,taphaa ,mitii ,dhuga`aa ,dhugo`oomsaa ,waan ,inni ,je`utti dalagaa addunya`aa aakhira milkoytanii.

إِنَّهُمْ يَكِيدُونَ كَيْدًا ﴿١٥﴾
**15}***haa tayuu ormi kuffaaraa qur`aana qeebaluu dideeti ,inumaa warra qur`aana qeebalee , amane , miidhu`uu jecha , mala dhawan akka namni hin beynetti,diinaa Rabbii balleysuu fedhan , takkaa yaadan ,duuba Rabbiin akki je`e.

وَأَكِيدُ
*akkuma ormi kuffaaraa jara islaa maa miidhu'uuf mala dhawanan , anis isaan balleessuudhaa mala itti dhawaa yaa ergamaa khiya Mohammad mala kuffaaratiifii kiyya kan irra caalu agartaa.

كَيْدًا ﴿١٦﴾
16}*orma Rabbitti kafare san ittin jarjarinii dhiisi. maa Rabbiin dafee azaaba isaanitti buusuu oole jettee hin yaaddawin.

فَمَهِّلِ الْكَافِرِينَ أَمْهِلْهُمْ رُوَيْدًا ﴿١٧﴾
**17}***an isaan eegetan ,akka isaan quban qabnetti, xiqqo xiqqoonan fuudhee ,isaan balleessaa .ormi Rabbitti kafare hoggaa Rabbiin ,isaan, isatti kafaru'uun wajji ,isaan qananiisu ,ilmaanifii, horii, fayyaa ,matummaa, isaanii kennee ,wanni isaan siyan. akka waan isaan dalagan , jaalalaaf ,isaanii ke'nnee.haatayuu dubbiin akka ,qixaaxa itti kafaru'uun haqa godhattanirratti qixaaxa ni`maadharratti ,isaaf galata galchuu dhabu`uun ida`ataniifi ammallee akka ni`maa Rabbiitin dagamanii, jallina keessa fagaatanii ,hoggaa harka Rabbii seenan,qixaaxa jabaa qixaaxamani`iifi.

Tanaaf jecha namni qananii aragate,isi`iin dagamee karaa nama isaa kennerraa bayu`uu mitii, galata isaa galchee karaa inni fedhu deemun barbaadama.